Wanta shakkitu dhiisii, gara waan hin shakkinee deemi, dhugumatti dhugaan tasgabbii dha, sobni immoo shakkii dha

Abuu Al-Hawraa Al-Sa'adii irraa akka odeeffametti akkana jedhe: akkana jedhe: Al-Hasan bin Aliyyiitin -Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu- akkanan jedheen: Ergamaa Rabbii irraa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- maal haffazte/sammutti qabatte? innis ni jedhe: Ergamaa Rabbii irraa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kanan haffaze: «Wanta shakkitu dhiisii, gara waan hin shakkinee deemi, dhugumatti dhugaan tasgabbii dha, sobni immoo shakkii dha».

[sirrii] [رواه الترمذي والنسائي وأحمد]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- jechoota fi gochoota irraa waan dhoorgama moo mitii, haraama moo ykn halaalii keessatti shakkitu dhisanii gara waan shakkii hin qabne kan gaarummaa fi halaalummaan isaa mirkanaa'ee dabutti ajajaniiru, sababni isaas qalbiin isatti waan ni tasgabbaa'uf jecha, waan shakkiin isa keessa jiru immoo qalbiin irraa dhiphatee jeeqama.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/4564